Kutaa 3ffaa

"Namni Waaqaa akka qulqulluu fi hujii gaariif qophaawaa ta'uuf kitaabni Hafuurri Waaqaa irra jiru cufti barumsa rifachiisuuf qalbii sirreessuuf gorsa qajeelinnaatiifis ni fayyada."
Xim 2ffaa 3: 16-17

"Hiikkaan dubbii keetii ni ifa; daa'immanis hubattoota taasisa." Far 118(119):130

Baafata:-

Kutaa 3ffaa

Barumsa Kudhanii lammaffaa:- Tajaajila 5

Tajaajila Hoga-Barruu wangeelaa

Barumsa fagoo

Kaayyoon barumsa kanaa warra Gooftaa amanuutti haaraya ta'aniifi warra yoo amantii keessa turanillee jireenya hafuura isaanii caalaatti cimsuu barbaadan barumsa kiristaanummaa barsiisuufi akka isaan jireenya hafuuraatiin guddatan gargaaruufi. Akkuma, "farda bishaanitti fidda malee akka inni bishaan dhugu hin dirqisiiftu" jedhamu sana barnoonni kunneen yoo barattoonni sirriitti hordofanii kutaalee kitaabaa isaan keessa jiran kitaaba Qulqulluun wal-bira qabanii jabaatanii qayyabachuu baatan yeruma tokko qofa dubbifachuun bu'aa barbaadamu argamsiisuu jechuu miti. Warri barnoota kana hordoftan hundi kitaaba qulqulluu keessan banattanii kutaalee isaatiin wal-bira qabuun akka tokoo tokkoo barumsa kanaa cimtanii qu'attan ni barsiisa.

Barnoota kanneen dhuunffaattillee yookiin gareen kitaaba qulqulluun qayyabachuuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Namni Waldaa Kirstaanaa keessatti barattoota haaraya barsiisuuf itti gaafatama qabu tokkos itti fayyadmuu ni dand'a. Warri karaa keennaan barnoota kanneen dhuunfaan hordofuu barbaaddan garuu duraan dursitanii galmeeffamuu fi lakkoobsa eenyummaa fudhachuu qabdu. Sana booddees gaaffilee xummuramaa tokkoo tokkoo barmoota kana irra jiraniif deebii quubsaa erguun barmoota fagoo kana itti fufuu dandeettu.

Barnoonni fagoo kunneen barnoota bu'uuraa kudhanii-lama uf keessaa qaba; Kanas afur afuriin kutaa sadiitti qoonnee dhiyeessineerra. Mata dureewwaan isaaniis mata dureewwan kiristaana tokkoof ni barbaachisu jennee itti amannee dha. Barnoota kanneenis yaada tokkoo fi qalbiidhaan qayyabattanii akka deebii quubsaa barumsa sanaan wal-fudhatu kennitan malee jarjarsuufi uf-irraa baasuuf jettanii yookiin deebii barumsa sanaan wal-hinfudhanne akka hin kennine isin yaadachiisna.

Mata Dureewwan Barnootaas kanneen armaan gadi jiranii dha.

Kutaa Tokkoffaa

1. Fayyinna
2. Dubbii Waaqaa
3. Waaqa Kadhachuu
4. Amantii

Kutaa Lammaffaa

5. Tokkummaa amantootaa
6. Lola Hafuuraatii fi aangoo amantootaa
7. Sirnaallee waldaa kirstaanaa
8 . Kennuu (arjoomuu)

Kutaa sadaffaa

9. Sadan tokkummaa Waaqaa
10. Hafuura Qulqulluu
11. Deebi'ee-dhufaatii Gooftaa
12. Tajaajila

Yoo isin barnoota afran kutaa kana keessatti argaman sirriitti qayyabattanii deebii isaanii walitti qabdanii nuu ergitani deebii keessan ilaallee kutaa itti aanu isinii ni ergina. Yeroo kutaa 3^{ffaa} xummurtanitti immoo, waraqaa ragaatii fi traanskiriptii barnoota fagoo kana xummuruu keessan mirkaneessu isinii ergina.

Barumasa Kudhanii Lammaffaa: Hujii tajaajilaa

I. Waamicha Hujii Tajaajilaa

Waaqni ilmaan namaa maraaf waamicha gosa lamaa qaba. Waamichi duraa, fayyifamuu; waamichi lammaffaan ammoo hujii tajaajilaatiif. Mat 11:28 keessatti, akka inni "isin warri dadhabdoonni ba'aan isinitti ulfaatte hundi gara kiyya koottaa; ani isin boqochiisa. Qaambara kiyya uf irratti baadhaa ana irrallee baradhaa; ani garaa-toleessa; amalli kiyya gad-uf qabeessaatii" jechuun waamicha gosa lamaaniitiyyuu ilmaani namaatii dhiyeessu dubbifanna. Waamichi fayyinnaa kan jalqabaa cubbuu fi ba'aa jireennaa irraa boqochuu; waamichi hujii tajaajilaa lammaffaani immoo qaambara gooftaa salphaa (kan morma hin quuqne) sana baachuufi. waamicha kana lamaan jidduu yeroo (bara) nu itti irraa barannee waamicha lammaffaa qophoofnuttu jira; (narraa baradhaa).

Gooftaa Yesuus gaafa barattoota waamatetti, akka isaan isa waliin jiraatanii tajaajilaniif isaan waame. "inni gaaratti ol baye; warra ufii jaalates ufitti waame; isaanis gara isaa dhufan. Akka isaan isa waliin jiraatanii fi akka isaan wangeela lallabaniif akka isaan erguuf, akka isaan dhukkubsattoota fayyisanii jinniillee nama keessaa baasaniif, akka isaani jabeenna qabaataniif kudhanii lama isaani godhe;" Mar 3:13-15

Wanni nu kutaawwan armaan olitti dhubbifne kanneen lamaan keessatti hubannu akka Waaqayyo yoo karaa Kiristoos Yesuusiitiin nu waamu, akka inni jalqabatti akka nu isa waliin jiraannee irraa barannuuf nu waame; eegasii ammoo akka nu isa tajaajilluuf jedhee nu waame hubanna. Waaqni bara kakuu durii keessallee gaafa karaa Muuseetiin garbummaa Gibxii keessaa saba baase sun Fari'ooniin, "akka isaan na tajaajilaniif saba kiyya gadhiisi" jedhe. S.Baw 7:16.

II. Hundee Hujii Tajaajilaa

Hundeen hujii tajaajilaa mata ufii Waaqayyoof qulqulleessuu dha. " Egaa yaa Obboleeyyan" akka isin nafa keessan aarsaa qulqulluu Waaqa gammachiisuu fi kan jiraatu gootanii dhiyeessitan garaa laafinna Waaqayyootiin isin kadhadha; kunis tajaajila keessan kan qalbii namaatti toluudha." Rom 12:1

"Hardha namni fedhuma ufiitiin Waaqayyoof uf qulqulleessu eennu?" Sen 1ffaa 29:5.

III. Kaayoo hujii tajaajilaa

Woldaa kiristaanaa keessatti tajaajila gosa gosaattu jira; ta'us kaayoon dhuma tajaajilaa gosa kamiiyyuu lamuma.

1) **Wolitti araarsuu**.

Hujiin tajaajila kakuu haarayaa, nama sababii balleessaa addaamiitiif Waaqa isaatiin waldhabe walitti araarsuu dha. "garuu wanni ta'e hundi Waaqa karaa kiristoosiitiin ufitti nu araarsee tajaajila araaraallee nuu kenne sanaan ta'e. Waaqayyo karaa Kiristoosiitiin addunaa ufitti araarse; cubbuu isaaniillee isaanitti hin herregu ture. Nu keessallee dubbii walitti araarsuu sana kaaye, Yoos amma nu waan Waaqayyo karaa keennaan namatti araaramuu barbaaduuf, nu ergamtoota hujii Kiristoosiiti; isin Waaqaan walitti araaramaa jennee sababii Kiristoosiitiif nama kadhanna." (Qor 2ffaa 5:18-20)

Tajaajilli kun hujii dubbii fi kadhannaa kan akka namni Waaqaan wolitti araaramuuf hojjatamtu.

2) Guddisuu.

Hujiin kun hujiiakka araarri Kiristoositti amanuun argame sun hidda jabeeffatee gara tokkummaa jabaatuutti guddatuuf uf

kennanii hojjatani. Madaalliin tokkummaa dhugaalleen fakkaachuu namni isaan araarame sun kiristoos fakkaatuu dha. wanni Waaqayyo kennaawwan hafuuraa gosa gosaan woldaa Kiristaanaatii kenneef tokko, " ... akka nu ilma Waaqaa beekuun gara tokkummaa amantiin argamu sanaatti ol guddannee akkuma Kiristoosi kan hirdhinna hin qabnee fi kan guutuu ta'e sanaa nulleen warra hirdhinna hin qabne taanuuf." Efe 4:13 Phaawuloos Ergamaan akkana jedheewaayee tajaajila isaa dubbatee; "nu qarooma cufaan nama kamiyyuu gorsinee barsiisnee akka namni cufti Kiristoos keessatti guutuu ta'u gochuun Kiristoos beessifna." (Qol 1:28)

IV. Akkaataa itti hujii tajaajilaa fudhatan

Akkuma fayyinna karaa ayyaanaatiin arganne sana hujii tajaajilaallee karuma eebba ayyaanaatiin arganna; Namni tokkolleen qajeelummaa fi jabeenna ufii isaatiin Waaqa tajaajiluu hin danda'u. Garuu Waaqayyo akkuma karaa Kiristoosiitiin akka waan nu warra hirdhinna hin qabnee fi warra cubbuu hin qabne taaneetti nu fudhate sun waan akkasuma warra malu nu godhee nu lakkaayeef hujii tajaajilaallee nuu kenna. Phaawuloos Ergamaan waan kanaan walqabsiisee akkana jedhee waayee tajaajilaa dubbate; "Waan Waaqayyo fedhuma ufiitiin tajaajila kana nuu kenneef nu abdii hin kutannu." (Qor 2^{ffaa} 4:1) "Waan inni tajaajila ufiitii na muudee amanamaa na godhee na hedateef, gooftaa keenya Yesuus Kiristoos kan humna naa kenne sana nan galateeffadha." (Xim 1^{ffaa} 1:12) Wanni namni tajaajilaa ta'e martinuu yaaduu qabu akka wanni nu tajaajila arganneef waan nu namoota gaarii taaneef otoo hin ta'in, yookaan waan dandeettiin keenna muldhatee, akki nu ga'umsa qabnus mirkanaayeef hin ta'in waan Waaqayyo fedhuma ufiitiin nuu kenneefi.

"Ga'umsi (dandeettiin) keenya Waaquma irraa dhufe malee... nu ufumaa keennaan warra danda'uu miti." Qor 2^{ffaa} 3:5.

V. Burqaa/Madda hujii tajaajilaa

Maddii tajaajila maraa Gooftaa keenna Yesuus Kiristoosi; yeroo hedduu kan waldaa kiristaanaa keessatti tajaajila nuu kennu namuma nutti fakkaata. Garuu tajaajilli dhugaa martinuu Gooftaa keenna Yesuus Kiristoos irraa dhufa. Karaa nama Waaqaatiin yookiin karaa waldaa kiristaanaatiin dhufuu danda'a: Ta'ullee maddii isaa Gooftaa keenna Yesuus Kiristoosi.

Phaawuloos waayee tajaajila hojjachaa ture sanaa akkana jedhee dubbate; "Ani garuu dorgommii fiigichaa kiyyaa fi tajaajila Gooftaa Yesuus irraa fudhadhe jechuunis ayyaana Waaqaa, akka wangeela dhugeessuuf akka lubbuun tiyya na biratti akka waan faayidaa hin qabne taateetti lakkaaya". HuE 20:24

Namni dhossaan galteef, jechuunis namni akka tajaajilli hundi Gooftaa qofa irraa dhufu hubate "tajaajilli maaliif naa hin kennamin?" jedhee hin gungumu; inni tajaajila nama irraa otoo hin ta'in Gooftaa isaa irraa eegataatii.

Nu Gooftaa irraa hujii tajaajilaa qofa hin fudhannu, erga fudhanneellee tokko gargaarsa isaa malee tarkaaffii socho'uu hin dandeennu. " Isin na malee waan tokkollee ufiin godhachuu hin dandeettan" (Yoh 15:5)

Gargaarsa isaatiin waan hunda dandeenna. "Ani Kiristoosii humna naa kennu sanaan waanuma cufa nan danda'a" Fil 4:13.

VI. Akkaataa hujiin tajaajilaa itti hojjatamu

Hujii tajaajilaa irratti bobba'uuni waaqa woliin hujii mootummaa isaa irratti karaa qabachuu dha, "nu warra isa woliin hojjatu." (Qor 1^{ffaa} 3:9). Akkasuma ammallee Yoh.15:5 keessatti," isin na malee kophaa keessan waan tokkollee hojjachuu hin dandeettan" nuun jedha. Kanaaf Waaqayyo Abbaan hujii kanaa waan hojjattoota irraa fedhu qaba jechuu dha. Haalli Waaqni akka itti namni tokko tajaajila kennuuf fedhu:

1. **Lammata dhalachuun-** hujiin tajaajila kakuu haarayaa waan tajaajila hafuuraa ta'eef tajaajila hafuuraa kennuuf yeroo lammaffaa hafuura irra dhalachuun barbaachisaa dha. Namni otoo yeroo lammaffaa hin dhalatin yookaan otoo araarama jalqabaa Waaqa waliin hin godhatin tajaajila kennuu yaalu, yaada Waaqaa otoo hin ta'in fedhii ufiitii yaaduma (waanuma) qalbii isaa keessaa burqu tajaajila.

2. **Kadhaa fi dubbii Waaqaatiin qajeelfamuun**:- Tajaajilli kadhaa fi dubbii Waaqaatiin hin utubamin martinuu akkuma waan qolaa fi hoffaan (akkuma waan ibiddaan qoramee hin dabarreen) hojjachuuti. (Qor 1ffaa 3:12-15) keessatti akka tajaajilli ergamtoota durii kadhaa fi dubbii Waaqaatiin hundeeffame dubbifanna. "Nu garuu kadhaa fi dubbii Waaqaa tajaajiluutti ni cimna." (HuE 6:4) Hujii tajaajilaatiif, qalbiinillee qophaawuuni barbaachisaadha. Kadhaan hafuura keenna nuu qopheessa. Dubbiin Waaqaa ammoo qalbii keenna nuu qopheessa.

3. **Gargaarsa Hafuura Qulqulluutiin**: gargaarsa Hafuura Qulqulluutiin malee tajaajila Waaqa gammachiisu kennuu hin dandeennu. Zak 4:6 keessatti "hafuura kiyyaan malee jabbeenna fi ciminna keetiinii miti" jedha. Dubbiin Waaqaa akka tajaajilli kakuu haarayaa tajaajila Hafuura Qulqulluun hojjatamu ta'e nutti hima. Qor 2ffaa 3:6 akkana jedha; " inni ammoo akka nu kakuu haaraya hafuuraan malee barreeffamaan (qubeen) hin ta'in kanaaf tajaajiltoota taanuuf warra ga'umsa qabu nu godhe; seerri barreeffame ni ijjeesaatii. Hafuurri garuu jireenya kenna."

4. **Ulfinna kennuudhaan** Phaawuloos Ergamaan yeroo waayee tajaajila kakuu durii dubbatetti akka kakuun diigamuuf deemu, kan yeroo gabaabaa qofa turu suniyuu ulfinnaan hojjatame dubbatee akka tajaajilli kakuu haarayaa kan hin diigamne kun immoo hagasiyyuu caalaa ulfinnaan ta'uu qabu dubbate; (Qor 2ffaa 3:7-16) Tajaajiltoonni kakuu moofaa (dullattii) sun otoo hin tajaajillee duratti cubbuu fi xurii irraa uf qulqulleessanii uffata

lubummaa (Qaallummaa) kan addaa uffatanii aarsaa qulqulleeffamee fi kan xurii hin qabne fuudhanii tajaajiluuf dhiyaatan. Ammallee akkuma dhufaniin fiiganii gara dunkaana walgayii sana hin seenan. Yoo tajaajilli du'aa fi abaarsaa kan diigamuuf deemu suniyyuu akkas uf-eegachuun hojjatamee tajaajilli ammaa kan Kiristoosiin ta'e kun hagam caalaa ulfinnaan, uf eegachaan, ulfinna kennuu fi Waaqa sodaachuun ta'uu qaba.

5. **<u>Waan nama qaanessu kan dhokatee jiru gatuudhaan</u>** Namni tokko tokko otuma Kiristoos Yesuusitti amanee jiraatuu yeroo waan nama qaanessu dhokataa qabatee Waaqa tajaajillu qaba; Phaawuloos akkana jedhee Waayee tajaajila isaa dubbate; "garuu sababii waan nama qaanessu kan dhokate ganneef jallinnaan hin jiraannu; dubbii nama waaqaallee dharaan wolitti hin maknu." (Qor 2^{ffaa} 4:2) Waan nama qaanessu kan dhokate sun dhokachuun isaa nama duraa dhokachuu ta'e malee wonni abbaa hujii kanaa Waaqa duraa dhokatu tokkolleen hin jiru. Yoo otoo fuula namaa duratti galata argannu fuula Waaqa hujii keenna ilaalee firii nuu kennu sanaa duratti ammoo faayidaa malee hafne maal nuu ba'a? Yoo Waaqayyo sababuma obsa isaatiif jedhee waan nu dhoffanne sana otuma arguu nutti caldhise, nu sababii garaani keenya dharra'eef waan inni nu waliin hojjatu yookiin waan inni waan nu hojjannu sana nuu qulqulleesse seena ta'a. Yoo yeroof caldhisellee guyyaan Waaqayyo waan sana ifatti baasu tokko inuma dhufa. Kitaaba Faarfannaa keessatti, warra dubbii Waaqaa haasawu, kan akka waan inni abdiillee yookaan kakuullee isaanii guuteetti dudubbatanii garuu dubbii Waaqaatiin hin jiraanne tokko tokkoon waame, "yoo ati waan kana hojjattullee ani caldhifnaan ati waan anis akkuma kee ta'e seetaa? amma immoo ani waan kana ifatti baasee si rifachiisa." Far 50:21

6. **<u>Karaa wol- makiisii keessa hin jirreeni</u>**:- Phaawuloos akka bara isaa keessa warri waan biraatiin wangeela walitti makan turan dubbata. Otoo warri akkasii jiraatanillee inni akka ufiimmoo akka isaanii hin hojjatin dubbata. (Qor 2^{ffaa} 2:17)" nu akka warra

dubbii Waaqaa wayiin walitti makanii (areeranii) hedduu sanaatti mitii." Akkasuma immoo akka fuula namaatiifi fuula Waaqaallee duratti yaada gaariin jiraachaa ture dubbata. (Qor 2ffaa 4:2)

7. <u>Waan mataa ufii lallabuu lagachuun</u>"- Tajaajilaan tokko ufii isaa jlatti hin bulu; garuu Kiristoos jalatti bula; tajaajilaan ufuma beekamsiisuu yaalu nama ergama ufii wollaalee dha. Kiristoos lallabuun addunyaa cufatti Kiristoos labsuudha malee yoo ergamaan mataan isaa ergaa ta'e wangeelli ni boora'a; ergaan isaa jijjiiramuu qofa dhiisii, yoo ergaan dhugaatiyyuu herrega dogongoreen lallabame miyaan wangeelaatiyyuu ni jijjiirama.

8. <u>Akka namoonni dhibiini faayidaa argatan gochuuf yaaduun</u> Hujiin tajaajilaa itti gaafatamummaadha; ta'ullee itti gaafatamummaa kana jaalalaan guutachuu qabna. Yoo narraa haa bawuu jechuun araada tajaajilaa qofa bawuuf jennee tajaajille warri faayidaa argatan baayee miti. "namni hundi waan ollaa isaatii faayidaa qabu malee waan isuma qofaaf faayidaa qabu qofa hin ilaalin." (Fil 2:4)

9. <u>Dhiphinnaaf uf qopheessuun</u> Hujiin tajaajila wangeelaa waan nu ittiin nama cufa gammachiifnu yookaan waan nu ittiin fuula nama cufaa duratti ulfinna argannuunii miti. Keessaan taanaan yookaan alaanis yeroo gaargala dhufuttu jira. Waan kana mara keessatti immoo yoo gaargalli dhufellee fudhachuuf fedhii qabaachuun barbaachisaa dha.

"Akka loltuu Yesuus Kiristoosi cimaa isaa ta'iitii na waliin gaargala qoodadhu." (Xim 2ffaa 2:3)

10. <u>Qajeelummaan</u> Warri qajeelummaan jiraatan yaada Waaqaa hubachuu danda'u. Mat 5:8, irratti "warri garaa qulqulluu qaban, eebbifamoo dha; isaan Waaqa arguutii" jedha. Far 101.6 keessatti ammoo, "namni <u>karaa qajeelaa irra</u> deemu, na tajaajila" jedha. Wonni nu tajaajila keenna keessatti yaaduu malle tokko, akka otoo kan nu tajaajillu nama ta'ee fuula namaa dura dhaabannellee karaa kaaniin ammoo Kiristoos keessa taanee fuula

Waaqaa duraa dhaabannuudha. Namni yaada kana qabu qajeelummaan Waaqa tajaajiluu danda'a. Ergamtichi, kitaaba Qor 2ffaa 2:17 keessatti, " .... nu garuu akkuma Waaqa biraa ergamnetti qajeelummaan fuula Waaqaa duratti Kiristoos keessa jiraannee dubbanna" jedha. Ergamaan kun waan qulqulleeffatee hubate qaba. Inni yeroo tajaajilutti fuula Waaqa akka ergaan sun sirriitti dhaqqabe madaalu, kan amanamummaaf immoo gatii maluuf kennu sanaa dura jiraachuu ufii, akkasuma gooftaa dandeettiifi humna namaa kennu sanaa keessa jiruudha. Yoos nu tajaajiltoonni yoo akka abbaan hujii kanaa otoo gargari hin kutin nu bira jiraatuu fi akka inni hujii keennallee fudhatee nuu qulqulleessu feene karaa inni jaalatuun fedhii isaa tajaajiluu qabna.

11.**Tokkummaadhaan** Tajaajilli nama woliin hojjachuu fi nama woliin ijaaramuu wolitti qabata. "...Ijaarsi hundi isaan wolitti qabamaa akka gooftaan mana qulqullummaa qulqullicha isaa ta'uuf guddata; isinis akka mana jireennaa Waaqayyoof taataniif hafuuraan wolitti isaan ijaaramtu." (Efe 2:22). Tajaajilli kun tajaajila tokkummaati; ammallee tajaajila Wol agartaa, wolitti qabamiisa, woliin mariyachuu fi wal- eeguu barbaachisuu dha. Garuu otuma akkana jiruu yeroo baayyee akka woliin hojjachuun yookiin wolitti ijaaramuun waan laafaa ta'e hin arginu.

12. Gad- uf qabiisa qabaachuun Gadi uf qabiisa malee tajaajila dhugaa kennuun hin danda'amu. Kiristoos tajaajila gadi uf qabiisaa nu barsiisuuf gadi jedhee miila ergamtootaa dhiqeefi. (Yoh 13:13) Eega dhiqeen duubattis, "waan ani isinii godhe kana qalbeeffattuu?" jedhee akka nulleen gad uf qabnee tajaajilluuf fakkeenna nuu kenne.

VII. Gufuu tajaajilaa

Waan daandii tajaajilaa jallisu keessaa gugurdaan:-

1. Kaayyoo tajaajilaa qalbeeffachuu dhabuu.
2. Maalummaa tajaajilaa hubachuu dhabuu
3. Haala hujiin tajaajilaa itti hojjatamu beekuu dhabuu.

Yoo waan asiin olitti tuqaman kanneen irratti hubannaan gahaan hin jirre tajaajila keessatti karaa fi kaayyoollee gad-dhiisuun baayyeen ni dhufa. Garaa tokkoon, yaada tokkoo fi jaalala tokkoon tajaajilluun rakkisaa ta'a. Waaqayyo akka nu ijoolleen isaa tokkummaa Kiristoositti amannuu fi isa beekuun argamu sana geennuuf nu waameera; garaagarummaan tajaajila keennaayyuu akka tokkummaa nuu fiduufi. Wonni akka tokkummaan kun hin jiraanne, akka namni tokko kennaa namni kaan qabuun hin tajaajilamneef gufuu ta'u guddaan yoo gad uf qabiisi hin jiraannee dha.

Akka Fil 2:1-4 irratti barreeffameen:-

Waan tajaajila gad uf gabiisi keessa hin jirree keessatti argamu

1. Anumatu caala haalli hujii kiyyuma qofa... kan kana fakkaatan jechuu.

2. Firummaa- (fedhii gareetiin deemuu)- haala hujii mara keessatti waan mootummaa Waaqaatii faayidaa kennu otoo hin ta'in waan maqaa garee sanaa beessisuu fi waan garee sana fayyadu qofa hojjachuuf carraaquu.

3 . Faayidaa mataa ufii yookiin bu'aa faayidaa hin qabne barbaadachuu, ittiin uf beessisuu, akkuma bu'aa ittiin argataniif ittiin uf jajuu.

Tajaajila gadi-uf qabiisii keessa hin jirre keessa:

A) Tokkummaan hafuuraatii fi hafuuraan hiikamuun hin jiru.

B) Tajaajilli sun fiigicha dubbii qofa ta'a; firiis(midhaan) hin qabaatu.

C) Warra kaanillee taanaan yookaan tajaajilaan suniyyuu mataan isaa ittiin hin ijaaramu.

D) Jireenna guddinna dhugaa hinqabne ta'ee akkuma bisaan hin yaane kan waan tokkollee hin fayyanne garuu (foolii) hamaa qabuu ta'a.

Tajaajila gad uf qabiisaan hojjatamu keessatti ammoo

A) Namni tokko akka waan namni dhibiin isa caaluutti ilaala.

B) Wal ulfeessuun hafuuraa ni jira.

C) Faayidaa nama kaaniitiif jedhanii faayidaa (mirga) ufiillee dhiisuun jira.

Phe 1ffaa 5:5 irratti " uf gadi qabiisa akkuma uffataatti uffadhaa; Waaqayyo worra uf jajaniin qabaniin ni morma; warra gadi uf qabuuf immoo ayyaana kenna" jedha.

WAAQAYYO GOOFTAAN KEENNA AKKA NU GAD-UF QABIISA AKKUMA UFFATAA UFFANNEE TAJAAJILA WAAQA GAMMACHIISU, KAN NAMA DHIBII JAJJABEESSEE NULLEEn ITTIIN IJAARAMNU KENNINUUF NU HAA GARGAARUU; AAMIIN

BARUMSA KUDHANII LAMMAFFAA:- TAJAAJILA

Lakkoobsa Waraqaa Eennummaa : _____
Maqaa: _____
Bakka Jireenyaa :_____
_____
_____

1) Waamichi Waaqayyo ilmaan namaatiif qabu lamaan maal fa'a? Garaagarummaan isaanii maali?

2) Kaayyoon gugurdaan tajaajilli hundi qabu lamaan maali? lamaan isaaniitiifiyyuu ibsa gaggaabaabaa kenni (barreessi)

3) Hundeen tajaajila maraa maali? Maddii isaa eennu?

4) Tajaajilli haala akkamiitiin kennamuu qaba? Haala himte kana keessaa sadii barreeffamaan ibsi.

5) Akka kitaaba Filiphiisiyuusi 2:1-11 keessatti barreeffametti wanni akka tajaajillii guutumaan guutuutti qajeelaa hin taane godhu maal fa'a?

6) Garaagarummaa tajaajila gadi uf qabiisi keessa jiruu fi kan gad uf qabiisi keessa hin jirre jidduu jiru ibsi.

7) Yoo tajaajila kee madaaltee ilaaltu, isaa akkam ta'ee jiru agarta? Yoo daandii sirrii ta'e hordofaa jiraachuu baatte maal gochuu qabda?